

Guyyootni jalqabbii garagara, Adoolessa 1, 2020 irraa jalqabe

Ergamni Waajjira Sadarkeessa Humnaa (Office of Labor Standards (OLS)) karaa hirmaannaa daldalaa, hojirra oolmaa tarsiima'aa fii guddina poolisii argannootin sadarkeessa humnaa dagaagsuudha, murannoo haqummaa sunyummaa fii hawaasummaa qabaachudhaan.



Maxxansi kuni iddoo hojii bakka mul'achuu danda'utti maxxanfamuu qaba, Ingiliffaa fii afaan(nota) hojjattootaan dubbatamaniin. Waajjira Sadarkeessa Humnaa (Office of Labor Standards) namoota qaama miidhamummaa qabaniif tajaajila afaan hiikuu fii barreeffama hiikuu akkasumas haala ni mijeessuu ni kennaaf.

Beeksisa 2023 kan Mirga Hojjattootaa Ancillary Hotel Businesses

Kuni si ilaallataa?

"ANCILLARY HOTEL BUSINESS" (AHB) MAALIDHA?

Hojichi AHB dha yoo hariirowwan kanneen keessaa tokko hoteelchaaf qaba ta'e:

1. Hojichi keessummootaf tajaajila kennuuf hoteelicha faana guyyaa guyyaan waliigaltee mallatteessa
2. Hojichi keessummootaf tajaajila kennuuf iddoo hoteelicha irraa bakka kireeffata yoo ta'e, yookan
3. Hojichi hoteelicha keessan karaa seensaa kan qabu fii nyaata fii dhugaatii keessummootaf akkasumas hawaasaf dhiyeessa yoo ta'e

Tajaajiloonni hammataman kan of keessatti qabatu kanneen qubannaa yeroo muraasaa hoteelichaa wajjiin wal qabatan, nyaata yookan dhugaatii, bashannana, kutaawwan walga'ii fii yaa'ii, uffata dhiquu, fii dhaaba konkolaataa of keessatti hammata.

Gadi fageenya dabalata waa'ee hojiin ati hojjattu AHB dha moo mitiitif, maaloo marsariitii Waajjira Sadarkeessa Humnaa (Office of Labor Standards) daawwadhu.

SMC 14.26

Miidhamarraa Eegamuu

HOJJATTOOTA MIIDHAMA IRRAA EEGA YOOKAN GOCHAAWAN JEEQUMSAA KEESSUMMOOTAA IRRA

KUNI EENYU FA'AAF HOJIRRA OOLA?

Hojjattoota sa'aatii AHB kan hoteela kutaawwan keessummaa 60 fii sanaa olii wajjiin hariiroo qaban

HOJJATTOOTNI MIRGA QABU:

- Qabdoo yeroo rifannootaa (kan hoteelichaan kennamu) yeroo kutaa keessummootaa keessa hojjatanitti yookan geessaawwan taasisanitti argachuu
- Hojjachiisatti amala jeequmsaa yookan daddarbii keessummootaa hogganaa keetti gabaasuu
- Amala jeequmsaa yookan daddarbii keessummoota hoteelichaa irraa eeggamuu
- yoo keessummaan jeequmsaan yookan daddarbaadhaf gabaafameera ta'e daree isaa keessatti hojjachuu yookan geessaawwan akka hin geessine ramadamuu dhabuu

HOJJATAAN MIIDHAMAA JEEQUMSA YOOKAN DADDARBAAMALA KEESSUMMAA YOO TA'A, MIRGA KANNEEN QABU:

- Filannoo isaanitiin bakka hojii biraatti deebi'anii ramadamuu
- Nama seera kabajjiisu fii gargaaru wajjiin dubbachuudhaaf filattetti dubbachuudhaf yeroo kaffaltii argachuu
- Tajaajiloota gargaarsaatif, qabeenyaatif, fii/yookan ergiidhaf Jiddugala Qabeenya Miidhaa Saalaa Kan Kutaa Biyyaa King (King County Sexual Assault Resource Center) argachuu
BILBILA (Sarara Sa'aatii 24): 1-888-998-6423
- Akkaata keeyyata Washington fooyyaa'aa 7.69.030 tti gorsaa miidhamaa yakkaa argachuu

SMC 14.28

Tajaajila Fayyaa Argachuu

HOJACHIISTOTNI BAASIIWWAN EEGUMSA FAYYAA AKKA TAASISANIIF IRRAA EEGAMA

KUNI EENYU FA'AAF HOJIRRA OOLA?

Hojjattoota sa'aatii kanneen (1) AHB hojjattoota 50 yookan sanaa olii kan hariiroo hoteela kutaalee keessummaa 100 yookan sanaa ol qabauun wajjiin hojjatan, fii (2) ji'aan jiddugaleessan sa'aatii 80 yookan sanaa ol kan hojjatan. Qindeessitoota, hoggantoota fii hojjatota muraasa kannen poolisiwwan bulchiinsaa waa'ee hariiroowwan humnaa murteessuu irratti gargaaran hin ilaallatu.

HOJJATTOOTNI MIRGA QABU:

- Eeggumsa fayyaa fooyyaa'aa ta'e argachuu karaa hojjachiistonni baasiwwan fayyaatu irraa eegamaatin
- Hojjachiistotni baasii al tokkoon yookan hedduun kanneen armaan gadiitin tasisuu danda'u:
 - (1) kaffaltiiwwan galii dhaabbataa
 - (2) kaffaltiiwwan karaa karoora inshuraansii fayyaa hojjachiisadhaan taasisamanii fii/yookan
 - (3) kaffaltiiwwan karoora fayyaa ashuuraadhan wal qabatanitti (fkn, herregawwan qusannaawwan fayyaa)

SADARKEESSA [†] 2023	
Baasii Ji'aa	Qindoomina maati
\$518	Hojjataa Qeenxe
\$881	Hojjataa qeenxee hirkattoota qabu
\$1,036	Hojjataa jaarsa yookan jaartii/kaadhimaa qabu, kan hirkattoota hin qabne
\$1,555	Hojjataa jaarsa yookan jaartii/kaadhimaa fi hirkattoota qabu

[†]sadarkeessi waggaa kamiitiyyuu Adoolessa 30 bara darbee dursa beeksifamu

SMC 14.29

Tursiisa Hojii

ERGA ABBUMMAAN JIJJIIRAMEE BOODA TURSIISA HOJII HOJJATAA TAASISUUTI BARBAACHISA

KUNI EENYU FA'AAF HOJIRRA OOLA?

Hojjattoota sa'aatii kan (1) AHB hojjattoota 50 fii sanii olii kan hariiroo hoteela abbaa kutaawwan keessummaa 60 fii sanaa olii wajjiin qabaniif hojjatan, fii (2) AHB dhaaf yoo xiqqaate guyyoota 30 f gurguramuu AHB dura kan hojjatan. Qindeessitoota, hoggantoota fii hojjatota muraasa kannen poolisiwwan bulchiinsaa waa'ee hariiroowwan humnaa murteessuu irratti gargaaran hin ilaallatu.

HOJJATTOOTNI MIRGA QABU:

- Beeksisa hojichi abbaa qabeenyummaa isaa jijjiiraa jira
- Kenniinsa hojii hojjachiisaa dhufuun barreeffamaan (buleeyyummaa irratti hundaa'ee)
- hojjachiisaa haaraa wajjiin hojii guyyoota sagaltama, yoo hojjaticha ari'uuf sababni jiraate malee yookan yoo hir'isuun barbaachise malee (hir'ifamuu buleeyyummaadhan)
- Gulaallii dandeettii guyyoota 90 tti

Tokkoon tokkoon seeratif gadi fageenya guyyoota jalqabbii isaanii baruuf marsariitii ilaali.

Mirgoota Hojjataa Kee Beeki

HALOO BAHACHUUN DHOORKAMAADHA: Seerotni kunniin hojjattoonni mirgoota kanneen waan fayyadamanii yookan hojirra oolfataniif haloo akka hin bahatamne eega.

MIRGA KOMII DHIYE EFFACHU: Hojjachiisan seerota kanneen cabsa taanan hojjattoonni mirga komii isaanii karaa OLS yookan himata dhiye effachuu qabu.

Qunnamti:
OFFICE OF LABOR STANDARDS

Hojjachiistota
Gargaarsa komii dhiye effachuu
argadhu fii/yookan leenjii fudhadhu

HOJJATTOOTA
Komii karaa OLS yookan mana
murtii dhiye effadhu

206-256-5297
www.seattle.gov/laborstandards